Qopheessaan Lammii B. (KBBA)

Bara 2012

Kaayyoo Gooroo Yaadannichaa

Leenjifamtoonni yaadannoo gabaabaa kana erga dubbisanii booda:

- ✓ Hiika bocaa fi bobboocaa ni hubatta.
- ✓ Akkataa hojii bobbooaa fi faayidaa isaanii ni qalbeeffata
- ✓ Akaakuu bobboocaa addaan ni baafatta.
- ✓ Meeshalee adda addaatii gargaaramuun bobbooca adda addaa ni hojjeeta.
- ✓ Walitti dhufeenya bocaa fi bobboocaa addaan ni baafatta.
- ✓ Kallatti ilaalcha bobboocaa adda addaa fayyadamuun bobbooca garagaraa ni hojjeetta.

Boqonnaa tokko

Bobboca /Sculpture

Hiiknii fi ibsi bobboca irratti kennamu kan duraan beekkamu irra ***jaarraa 20***^{ffaa}keessa baay'ee babal'atee ture. Guddina tekinooloojii ykn Meeshaalee haaraa bobbocni ittiin tolfaman tooftaa garaagaraa bobbocni ittiin hojjetamu fi kkfirratti hundaa'uun yaadni kennaman murtaa'oo ture hafee yaadni bal'aan itti kennamuu eegale. Namoonni aadaan hojii bobbocaa hojjechaa turan hanga ***jaarraa 20***^{ffaa}fi bobboca ***hiikkaa amala afuriin*** itti kennu turan.1^{ffaa} Foormii aartii daayimeenshinii ***sadii (3D)***qabu qofa akka ta'etti hiiku.2^{ffaa} Fakkaattii /Bakka bu'aa/ uumamaati jedhu. Garuu Bobbocni guutummaa guutuutti bakka bu'aa uumamaa (Representational) qofa osoo hin taane abistiraaktiis ta'uu ni danda'a. Bakka bu'aa yeroo jedhu ***riyaalistikii (Realistic)*** ykn ***salphaatti kan hubatamuu*** danda'u jechuudha.

Abistiraaktiin immoo riyaalistikummaan isaa kan xiqqaate ykn fakkaattiini uumaamaa ta'e jedhamee kan jal'ifame (Distortion of real-life images) ta'ee salphaatti kan hin hubatamne jechuudha.3^{ffaa}***Foormii artii jajjaboo*** ta'ee mul'atu dha jedhu.Qaama jajjaboo ta'e kan qabudha yeroo jedhu, Bakka duwwaaf(empty spaces) xiyyeeffannoon hin kennamu. Akka waan hin barbaachifneetti ilaalama.Akkasumas Sochii qaama waantootaa (movement) hin qabu.4^{ffaa}Namoonni ogummaa bobbocaa hojjetan mala lama qofaatti gargaaramu ture.Haa ta'u malee yeroo ammaa kana ogummaan bobbocaa akka armaan gadiitti ***hiikni*** itti kennama.

Bobboca /sculpture/jechuun jedha Laatinii ***"sculpere"*** jedhurraa kandhufe yoo ta'u,hiikni isaas: Dhommoqsuu/carving, mummuruu/cutting/ fi irraa soofuu/Engraving/ jechuu dha.

Bobbocni hojii aartii damee aartii ilaalamu (visual art) keessaa isa tokko ta'ee, damee faayin aartii (fine arts) jalatti kan ramadamu dha. Kunis gosoota hojii aartii keessaa isa ulfaataa fi dadhabsiisaa ta'e dha.Bobbocni hojii aartii daayimeenshinii sadii (3D) ta'e dha.kunis hojjaa ,dalgee fi dheerina qaba jechuu dha.

Elementoonni bobbocaa

Elementoota bobbocaa jedhamanii kan beekkama warreen armaan gadiiti. Isaanis:-bakka/space, hanga/qabee/ mass/ volume, sarara / line, qaama dirraa /plane, boca /shape,vaaliyuu / valueteksiicharii / texturefi halluu / color. Elementoota bobbocaa armaan olii keessaa bu'uura kan ta'an bakkaafi hangadha.

1. Hanga/Mass

Qaama bobbocaafi waantoota jajjaboo dirra(Surface)sana keessatti haammataman agarsiisa.Bobbocni hunduu waantoota hanga qabaniifi bakka 3D tiin qabachuu danda'an kamirraayyuu kan uumamudha.Daangaa, Of danda'aafi Guutummaa guutuutti bakkaan kan marfamedha.

2. Bakka/ Space

Eddoo duwwaa(Air) naannawaa bobbocaatti argamu ta'ee, handaara/qarqara bobbocaa kan ibsu, qaama bobbocichaatiin Kan haammatamu, eddoo banaa (hollow) kan uumu, qaama bobbocaa

adda adda jiru qilleensa irratti kan walitti fidudha.Fageenya, naannawaa, qabee qaama of danda'aa fiizikaalawaa bakka qabatuufi ***bakkee duwwaa*** jechuudha.

3. Sarara/Line

Qarqara/ handaara foormiiti.Qaama dirra waltuquuti.Waantoota qaqal'aa kanneen akka,shiboo, haada, mukafi kkf ta'uu danda'a.

4. Qaama Dirraa/ Plane

Qaama wal qixxaataa/ diriiraa(flat surface) wantootaati.

5. Boca/ Shape

Pozatiivii ykn Negatiivii ta'uu danda'a.

Boca Pozatiivii

Hanga waliigalaa kontuurota gidduutti argamuuti.Bakka qaama tokkoon qabamu/ guutuuti.

Boca Negatiivii

Bakka duwwaa boca pozatiiviin ibsamuuti.Bakka qaama tokkoon hin qabamneeti.Hojii artii 3D ta'e keessatti, bocni mul'atu (daangaa foormichaa) jijjiirama eddoo dhaabbii (Position) nama daawwatu waliin jijjiirama.

6. Vaaliyuu/ Value

Ifa ykn Gaaddisa dirra foormichaati.Hanga baay'ina ifaa dirra waantichaatiin balaqqaa'uuti.Vaaliyuun dirra foormii hojichaa yoo halluu dibame jijjiiramuu ni danda'a.

7. Teksiicharii/ Texture

Qulqullina dirra foormiiti.Qulqullina(rough), Lallaafina(smooth), Halluu ykn Bocni isaa dhiibbaa aduu, roobaa, qilleensaatiin jijjiiramaa kan ta'e (Weathered) dha.

8. Halluu/ Color

Halluu dhugaa waantichi irraa hojjetame gargaaramuun gaariidha.

Bobbooca waantoota gara garaa irraa hojjeechuu nidandeenya.

Fakkeenyaaf:-dhagaa irraa, Muka irraa, Sibiila irraa, Pilaastika irraa, Suphee irraa, Dhoqqee irraa, Waraqaa irraafik.k.f. irraa

Barbaachisummaa bobboocaa

Seensa barnoota kana irratti akkuma ibsaamuuf yaalameetti hojiiwaan bobboocaa adda addaa wantoota adda addaa bu'uureffachuun kalaqaamu. Isaan keessaa muraasni

- ☞ Midhaginaaf, seenaa ittiin ibsuuf, aadaa ittiin ibsuuf, dandeettii kalaaaqa ofii ittiin ibsuuf, haala ammaa keessa jiraniifi gara fuuladuraatti ni ta'a jedhanii waan yaadaan ittiin ibsuuf, barnootaaf, qaroominaa ittiin ibsuuf, yaada dhunfaa ykn kan ummataa ittiin ibsuuf fi k.k.f. Ittiin dabarfachuuf hojiin bobboocaa iddoo guddaa qaba.

Ilmi namaa bara durii irraa kaassee ogummaa adda addaa akka hojjeechaa ture barrulleen seenaa ni ibsu. Kunis ilmi namaa jabaana bowwaa keessa jiraachaa ture illee ogummaa adda addaa hojjeechuun tajaajila gara garaattiif akka itti gargaaramaa seenaan ni ibsa.

Ogummaa bobbooocaa dhaloota kiristoosiin dura ***waggaa 3000*** durallee ***biyya Gibxiitti*** akka hojjeetamaa turee dha.Haala kana irraa kan hubaatamu ogummaa bobboocaatiin akkuuma ogummaa kan biro jabana durii qabee hojjeetamaa akka ture dha.

Akkaataa ***barbaachisummaa***isaanii irratti hundaa'uun bobboca bakka garaagaraatti qooduu ni dandeenya. Isaanis:bobboca yaadannoo /statue, siidaa/obelisk**,**bobboca arkitekchraafi bobboca gaardenii /gurden sculpture

1. **Bobboca Yaadannoo /Statue**
- ➲ Hangaan guddaa dha.
- ➲ Bineensaaf ykn namaaf hojjetama.
- ➲ FKNF :-Calaanqoo, Annoolleefi kkf dha.

2. **Siidaa/Obelisk**
   - ➲ Utubaa qeenxeen dheeratee dhaabbatu dha.
   - ➲ Roga sadii ykn afur qaba.
   - ➲ FKNF :- Aksum, piraamidii fi kkf dha.
3. **Bobboca Arkitekcheraa**

   Bobboca keenyan, utubaa fi baaxii ijaarsa garaa garaarratti hojjetamu dha.Yeroo ijaarsichi ijaaramaa jiru fi ijaarameen booda akka barbaachisummaa isaaniitti hojjetamuu danda'a.

4. **Bobboca Gaardenii /Gurden sculpture**
   - ➲ Bobboca naannoo margaaf (garden) hojjetamu dha.


Waantoota bobbcni irraa hojjetamu

Bobbocni waantoota garaagaraa irraa hojjetamuu ni danda'a. Haata'u malee bara durii keessa waantoota gurguddoo ***afuritti***gargaaramuun bobbocaa turan . Isaanis:-

- Dhagaa Soofuu**Muka Soofuu**
- Muka Soofuu
- Suphee bocuunfi
- Biroonzii tolchuun



Dhagaa Soofuu








Biroonzii tolchuunSuphee bocuunfi

Boqonnaa lama

Gosoota Bobbooca(Types of Sculpture)

Wantoota fi akkaataa ittin hojjataman irratti hundaa'uun bobbocni bakka shaniitti qoodamu.Isaanis:-

- Bobboca biyyoo suphee
- Ogummaa bobboca soofuu
- Assembiliingii (assemblaging)
- Instaaleeshiinii (Installatio) fi
- Bobboca Waraaqaa ti.

Biyyoota hedduu kanneen akka ***Indiyaa, Chaayinaa, Ameerikaa kibbaa fi Afrikaa***, keessatti bobbocni ***Miidhaginaaf, Yaadannoof,Amantaa fi Siyaasaaf dhimma***itti bahama akka ture seenaan raga baha. Aadaan hojii bobboca ***biyyoota dhihaa*** kan eegale biyya ***Giriik durii*** keessatti. Sababa kanaan kan ka'e***Giriik*** hojiiwwan gurguddoo kanneen master piisii/Master Piece/ ta'an hedduu uumuu dandeesseetti.Bobbocni hojii aartii hawaasaa **(public art)** baay'ee barbaachisaa ta'e dha.

Bobbocni haala garaa garaanhojjetamuu ni danda'a Isaanis :-

- Soofuu /Carving/ Hir'isuu/ Sabtraction/
- Baksuu/Welding/ Itti Dabaluu/ Addition/
- Bocuu /Modeling/ Baay'isuu/ Manipulation/
- Tolchuu /Casting/ Bakka Buusuu /Substitution/ fi kkf dha.

Soofuu/ Hir'isuu

Jechuun tooftaa ogummaa bobbocaa waantoota akka dhagaa, muka, ilkaan arbaa, lafeefi kkf irraa ittiin hojjetamu keessaa tokko ta'ee, meeshaalee garaagaraa gargaaramuun foormii ta'e tokko kutamee ykn soofamee itti hojjetamudha.

Baksuu/ Itti Dabaluu

Tooftaa haaraa hojiin bobbocaa jaarraa 20ffaa keessa ittiin hojjetamuu eegaleeti.

Tooftaa itti bobbocni waantoota wal irratti ijaaraa deemuun ittiin hojjetamudha.

Bocuu/ Baay'isuu

Jechuun adeemsa dabaluun(Additive) hojjetama. Kana jechuun artistiin foormii ta'e tokko ijaaruuf waantoota lallaafoo kanneen akka biyyee suphee ykn gagaa gargaaramuun hojjeta

Tolchuu/ Bakka Buusuu

Mooldii(Mould) hojii bobboca hojjetamee qophaa'e tokkotti waantoota dhangala'oo kanneen akka sibiila baqee, pilaastikii fi kkf itti buusuun/naquun kan hojjetamu jechuudha.Bakka buusuun/ Tolchuun haala kanaan kan hojjetamu ta'ee , dhuma irratti dhangala'aan bakka negatiivaa/ duwwaa mooldichaatti naqamee yeroo qabbanaa'u fakkaattii bobboca duraan biyyee suphee, gagaa, pilaastikii irraa hojjetame sana fakkaatee ba'a. Tooftaan kun tartiiba hojiin bobbocaa tokko gara biroonziitti , Teeraakootaatti, Faayibergilaasiitti(Fibreglass)fi kkf ittiin jijjiiramuuti.

Moodeelii

Moodeelii jechuun boca foormii qaama waan tokkoo hojjeechuuf yookaan ka'umsaa godhaachuuf fakkeenya kennaamu yookiin ka'aamuun irraa ilaalamee hojjeetamu jechuu dha. Bobbooca wantoota adda addaa haala ittin hojjeetaamu keessaa inni tokko haala moodeeliitiin akka ta'edha.

Moodeelii dhoqqee

Moodeelii dhoqqee biyyoo suphee irraa qopheeffama.Akkaakuun biyyoo suphee kun amaala simmintummaa waan qabuuf moodeliin hojjeetamu kun otoo hin babbaaqaqiin yeroo dheeraaf turuu waan dandaa'uufiidha.

Hojii kanaaf waantoota barbaachisaan.

Hojii moodeelii dhoqee ottuu hojjeechuu hin eegaliin dura wantoota hojii kanaaf barbaachisaan qopheefachuun barbaachisaa dha. Isaanis:-

- ✓ waan moodeliin kun irraa hojjeetamu biyyoo suphee qopheesuu

- ✓ biyyoo suphee bulleesuuf kan ta'u dhagaa battee fi k.k.f qopheefachuu
- ✓ gundoo, qorqoorroo fi k.k.f
- ✓ waan biyyoon keessatti bukaa'u qopheeffachuu
- ✓ waan moodelii hojjtamu irra keenyee hojjeechenu muka yookiin dhagaa battee fi k.k.f qopheefachuu
- ✓ meeshaaleen boca ittiin baasaan kan akka sibiila haphii (boondaa shiboo), shaanbbaqoo, muka leemanaa fi k.k.f irraa haaluma barbaachisummaa isaattiin qopheefachuu

Barbaachisumaan meeshaale kanaas:-

- ✓ bobbooca hojjeetamu boca ittiin baasuuf,
- ✓ ittiin wal qixxeessuuf,
- ✓ dhoqqee qaama bobbooca hojjeetamu irratti baayaate ittiin irraa xiqqeessuuf,
- ✓ foormii barbaachisaa ta'aan ittiin baasuufi k.k.f itti hojjavhuuf kan gargaaraniidha.

Meeshaalee hojii bobboocaa kanaaf ta'aaniis haaluuma fakkii kanaa gadii muldhatuttii qopheesuun itti fayyadamuun kan dandaa'amudha. Meeshaaleen bobboocaa kan ittin hojjatamu ***wantoota sadii*** irraa qopha'a.

Isanis:-***mukaa, sibilaafi pilaastikii*** irraa qoheessun ni danda'ama.

Bobboca Waraqaa

Bobboca waraqaa jechuun tooftaalee hojiin bobbocaa ittiin hojjetaman keessa isa salphaa ta'e dha.Bobbocni waraqaa ***haala lamaan*** hojjetama. Isaanis:

- Waraqaa jabaataa mummuruun walitti qabsiisuu fi
- Waraqaa bukaa'e /pepper maashee

Waraqaa jabaataa mummuruun walitti qabsiisuu

Mallii hojii kanaa waraqaa kukkuutanii bishaan keessaatti tortoorsuun kan hojjeetaamu otoo hin ta'iin, waraqaa kukkuutanii (babaqaqsanii) waan amala haphee qabuun wal irraatti deddeeebisanii qabsiisuun yookaan maxxaansuun haala bobboocawaan adda addaa itti hojjeetamaan jechuudha.Ogummaa bobboocaa kanaan kanneen akka meeshaalee mana keessaa fi meeshaalee deegarsa barnootaa ittin hojjeechuun faayidaa gara garaatiif olchuun ni dandaa'ama.

Waraqaa bukaa'e /pepper maashee

Pepper maasheen jecha ***Faransaay***ta'ee, hiikni isaas ***waraqaa bukaa'e*** jechuu dha . Guddina ogummaa bobboca waraqaaf biyyoonni gumaacha guddaa godhan, Faransaayi, Gibxii, Biyyoota gidduu gala bahaa fi Biyoota baha fagoo dha.

Bara durii keessa ***biyyi Gibxii***ogummaa aartii hojjechuu fi jalqabuun biyyoota addunyaa dursitee argamti. Ogummaalee bobboca bara durii ***Missiri/Gibxii*** keessatti hojjetamaa turan keessaa ogummaan bobboca waraqaa isa tokko dha.

FKNf, Saanduqa reenfaa (coffin), MaaskiifiUffata siree hojjechaa turaniiru.

Biyyoonni baha Fagoo fi Baha Giddu Galeessaa immoo kanneen akka,***Saayinii, Sanduqaa, Gaachanaa, Eeboo, Goraadee***fi kkf akka hojjata turaan seenaan ni ibsa.

Yeroo Biyyoonni baha Fagoo fi Baha Giddu Galeessaa isa armaan olii kana hojjetaan, biyyoonni Awurooppaa immoo ***Doonii fi Maaskii*** hojjechaa turaniiru.

Meeshaalee Hojii Bobboca Waraqaaf Barbaachisan

Waraqaa haala adda addatiin fayyadamuun moodelii (bobboca)waan tokkoo hojjechuun ni danda'ama. Meeshaaleen bobboca waraqaa hojjechuuf barbachisan waantoota garaagara irraa hojjechuun ni danda'a.Meeshaaleen ogummaa bobboca waraqaa hojjechuuf nugargaaran kanneen armaan gadiiti.

Isaanis:- Halluu, Dibduu, Saamunaa, Zayita, vaasiliinii, Waraqaa cirrachaa, Shiboo gosa adda addaa, Soogidda/ashaboo/, Vaarnishii, Waantoota amala haphee qabaan.(kollaa, uhuu, haphee biqilootaa,Daakuu midhaanii fi kkf), Bishaan, Fal'aan, Maqasii /kaatarii/, Meeshaa hojjetamu/akka negatiivaatti gargaaru fi kkf.

Akkaataa Hojii Pepper Maashee

- ✓ Waraqaa hojii kanaaf ta'u kukkutuun bishaan keessatti dhoobuu.
- ✓ Mooqaan kan hojjennu yoo ta'e soogidda itti dabaluun mooqa midhaanii hojjedhuu. Kollaa kan argannu yoo ta'e immoo kollaa gargaaramuu.
- ✓ Waraqaa bishaan keessatti dhoobame mooqa daakuu /kollaa waliin walitti makuu.
- ✓ waan hojjetamu/akka nagatiiviitti tajaajilu qopheessuu.
- ✓ Qaama moodelii hojjetamuu dibata dibuu.
- ✓ Waraqaa fi mooqa midhaanii walitti makame moodelii hojjetamu irratti maxxansuun hojjechuu .
- ✓ Moodeliin hojjetamu kun hanga gogee qaama negatiivii gadi lakkisutti akka turu gochuu.

- ✓ Erga gogee qaama nagatiivii gadi lakkiseen booda waraqaa carrachaan sukkuumuun wal qixxeessuu.
- ✓ Dhuma irratti halluudhaan qaama moodelii irratti dizaayinii hojjechuun miidhagsuu.

Ogummaa Bobboca Soofuu Carving

Aartiin ogummaa ***soofuu*** turtii bara dheeraa kan ilma namaa waliin umurii wal qixa ta'e qabu dha. Aartii ogummaa ***soofuu*** jechuun aartii qaamolee waantotaa ***kutuun/soofuun /hir'isuun*** waan ta'e tokko itti hojjetamu jechuu dha. Malli hojii kanaa waantota jajjaboo/solid/fi soofuuf immoo laafaa ta'an irratti kan mul'atu dha.Aartiin ogummaa ***soofuu gosa*** hedduu of keessaa qaba.

Isaanis:- Muka soofuu, Dhagaa soofuu, Lafee soofuu, Cabbii soofuu, Ilka-Arbaa soofuu, Kuduraa fi Fuduraalee adda addaa soofuu fi kkf dha. Ogummaan muka fi dhagaasoofuu jaallatamaa fi umurii dheeraa kan lakkoofsise dha .

Ogummaa Muka Soofuu/ Wood Carving

Mukni meeshaalee jabaatoo ta'an kamiinuu soofamuu kan danda'udha.Ogummaa ***muka soofuu*** jechuun tooftaa itti jirma mukaa tokko irraa qaama hin barbaadame irraa dhabamsiisuun foormiin ta'e tokko itti hojjetamu jechuu dha. ***FkNf:***Mooyyee, Gabatee, Boraatii, fi kkf.

Bobboca muka irraa hojjetamu kan dhagaa fi sibiila irraa hojjetamuun wal bira yoo qabnu ,bobbocni mukaa yeroo dheeraa kan turu miti. Sababni isaas mukni amala ***dafee burtukaa'uu, ilbiisotaan miidhamuu*** fi ***ibiddaan gubachuu*** waan qabuufi.

Haalli qilleensa biyya Gibxii hojiiwwan aartii mukaaf mijataa ta'uu irraan kan ka'e hojii bobboca mukaa umurii 4000 lakkofsise ni qabdi.Hojii bobboca muka soofuu eegaluun dura wanta ijoo ta'an sadi qopheeffachuu qabna.

Isaanis:-Meeshaalee ittiin soofnu**,** Muka fiDiizayinii/ Iskeechii dha.

Filannoon mukaa waantota irratti ***xiyyeeffatamu*** qaba.***Isaanis:-***Halluu /color/ fiSookkisa/texture/ dha.

Meeshaalee Muka Soofuuf Gargaaran

Isaanis:-Aalbee /carving knife, Googsii/Gouges, Qirixii/Chisel, Maaleetii /Mallet, Waraqaa carrachaa, Moroda/rasp, Zayita/gagaa/Vaarnishii, Halluu fi kkf dha

Boqoonna Sadii

Riliifii (Relief)

Jechi ***Riliifii*** jedhu jecha Laatinii ***"Relievo***" jedhu iraa kan dhufe ta'ee, Hiikni isaas " ***Keessaa Ol kaasuu/Baasuu"***jechuudha.Gosa bobboca of danda'ee hin dhaabanee dha.Bocuun gadi dhooksuun (irraa soofuun) ykn keessaa ol baasuun (itti dabaluun) ogummaa hojjefamu dha.Bobboca gam-tokkoon 3D ta'ee, Gama biroon immoo diriiraa/walqixxaataa ta'edha.Hojii diizaayinii gabatee diriiaa kan akka ***utubaa, keenyan, baaxii, fraankaa, meedaaliyaa***fi kkf irratti hojjetamu dha. Kunis:-Muka, Sibiila, Waraqaa bukaa'e, Biyyoo suphee, Dhagaa, Jeessoo, Simintoo, Teeraakotaa fi kkf irra hojjetama.

Gosoota Bobboca Riliifii

Akkaata /depth / isaan dubduubee isaanii irraa qaban irratti hundaa'uun ***bakka gurguddaa saditti*** qoodama. Isaanis:-

- Riliifii xiqqaa /gad-aanaa /low /bas –relief
- Riliifii olka'aa /high relief /alto –relievo
- Riliifii gad-dhidhime/ bool'te (Intaglio/sunken relief).

Riliifii Xiqqaa (Basso Relievo)

Jecha xaaliyaanii ***basso relievo***jedhu irraa kan dhufe ta'ee, hiikni isaa riiliifii ***gad-aanaa /xiqqaa***/ jechuu dha.Bobbocni hojjetamu suuta suutaan **(slightly)** dubdaabee isaa irraa adda kan bahu dha.Duub-duubee waliin sararri adda kutu hin jiru yoo kan jiraatu ta'ellee baay'ee xiqqoodha .Haala ifaa fi dukkanaan mul'ata.***Fknf***:-*Bobboca Saantimoota*

Riliifii Ol Ka'aa

Bobbocni hojjetamu walakkaa ykn walakkaa ol naannawaa duubee isaa irraa ol bahee ka mul'atu dha.

Riliifii gadi dhidhime ykn boolate (Sunk-relief)

Jecha xaaliyaanii ***"Tagliara"***jedhu irraa kan dhufe ta'ee, hiikni isaa ***anqooqanii/soofuun gadi dhooqsuu*** jechuu dha.Riliifiin kun rilifii ***saankii*** ykn ***intaaliyoo*** jedhama.Sararoonni wixinchaa /Kontuuronni hojichaa/ hundi dirra walqixxaataa qaamichaan gaditti kan mul'atani dha.

FKNf:-barreeffa dhagaa irraa.

Hojiin kun kan milkaa'u yoo ifti guddaan jiraatee, qarqarri wixinee hojii sanaa sirriitti bahee mul'achuufi gaaddisa uumuu danda'edha. Tooftaa hojii kanaan kan baay'ee beekkaman ***Gibxoota durii*** turan.

Meeshaalee Hojii Riliifiif Barbaachisan

Waan diriiraa fi jajjaboo ta'e (muka, dhaga), Waan qara qabu (qirixii, qaraba--), Qubeessa /cileeBurruusa, Moroda, Waraqaa carrachaa, Halluu fi dibduu, Vaarnisii fi kkf dha.

Akkaataa Hojii Riiliifii

- ☞ Wixinee hojjetamu murteessuu,
- ☞ Wixinicha waan diriiraa irratti wixinuu,
- ☞ Wixinee hojjetame akka ol ka'u ykn gadi dhooqu taasisuu,
- ☞ Morodaa fi waraqaa carrachaan wal qixxeessuu
- ☞ Halluu fi vaarnishii dibuu.